Kutaa 2

# Qonnaan Bultoota Cimoo



Dubbisa 4

# Qonnaan Bultoota Cimoo

Dubbisa 4 | Kutaa 2



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen, walta’iinsa dhaabbata ‘Pact Ethiopia’ fi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa’ee dhaabbata ‘Save the Children’ fi Ministeera Barnootaatiin fooyya’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

Save the Children

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/



Obbo Bultooniifi aadde Magartuun qonnaan bultoota cimoodha.



Tibboota hunda keessatti waan hojjetan dursanii karoorfatanii hojjetu. Tibba Arfaasaa ji'oota Bitootessa, Eblaafi Caamsaa keessa meeshaalee qonnaa qopheeffatu. Erga qopheesses qotuu eegala.



Tibba Gannaa ji'oota Waxabajjii, Adooleessaafi Hagayyaa keessa bulleessee qota.



Lafa qotame sararaan midhaan garagaraa facaasa. Midhaan facaafamee biqile keessaas aramaa buqqisa.



Tibba Birraa ji'oota Fulbaanaa, Onkoloolessaafi Sadaasa keessas midhaan haamanii tuulan.



Tibba Bonaa ji'oota Mudde, Amajjiifi Gurraandhala keessa midhaan haamame ayidee galcha.



Guyyoota Wixata, Kibxata, Roobii, Kamisaafi Jimaata immoo galgala galgala ijoollee isaa qu’achiisa.



Sanbata Duraa hojiiwwan garagaraa ijoollee isaanii wajjin hojjetu.



Dilbata immoo akka
ijoolleen uffata
miiccatanii barumsaaf
qophaa'an taasisu.

# Gaaffilee asii gadii deebiisi.

1. Qonnaan bultoota cimoo kan jedhaman eenyu fala?
2. Ji'oonni tibba Arfaasaa jedhaman eenyu fa'i?
3. Obbo Bultoon ijoollee isaa kan qu'achiisu yeroo akkamiiti?
4. Tibbi gannaa ji'oota meeqa qaba? Isaanis eenyu fa'i?
5. Obbo Bultooniifi aadde Magartuun tibba Bonaa maal hojjetu?

# Qoqqooduufi Walitti Makuun Dubbisuu

| | | |
|---|---|---|
| a. | fa-caa-fa-me → facaafame | |
| b. | on-ko-loo-les-sa → onkoloolessa | |
| c. | gur-raan-dha-la → gurraandhala | |
| d. | ka-roor-fa-chuu → karoorfachuu | |

# Qonnaan Bultoota Cimoo

Kitaaba abbaa seenaa kadha ja'aa wal duraa dubaan dandeettii dubbisuu gabbisan


| | |
|---|---|
| Dubbisa 1 | Fakkeenyummaa Gaarii |
| Dubbisa 2 | Halluuwwan Uffataa |
| Dubbisa 3 | Leencaafi Waraabessa |
| Dubbisa 4 | Qonnaan Bultoota Cimoo |
| Dubbisa 5 | Qamaleefi Leenca |
| Dubbisa 6 | Namicha Gowwaa |
| Dubbisa 7 | Maatii Gargaaruu |
| Dubbisa 8 | Qulqullina Eeggachuu |
| Dubbisa 9 | Bineeldota |
| Dubbisa 10 | Meeshaalee Manaa |
| Dubbisa 11 | Barattuu Cimtuu |
| Dubbisa 12 | Nyaata Aadaa |
| Dubbisa 13 | Walqixxummaa |
| Dubbisa 14 | Barataa Qaxalee |
| Dubbisa 15 | Eenyu Haafuudhuu? |
| Dubbisa 16 | Goota Magariisaa |

USAID

UUMMATA AMERIKAA IRRAA